It has also been found out in the study that folktales of Qellem Wallaggaa Zone can give moral instructions. Among Oromoos, safuu (morality) and seera hawaasaa (social law) are valued. There is safuu between senior and junior, mother and daughter, father and son, and elder and younger etc. The seera hawaasaa focuses on social order. The one who deviates from social norms is punished according to the social laws. All the moral concerns and social laws are preserved in oral traditions of the people. Critical functions of folktales have been discussed in the study. Attempts have been made to explain the roles played by the folktales in ridiculing wrong actions, and praising good behaviors. Some of the folktales collected from Qellem areas and analyzed have served the corrective as well as critical function. In addition, folktales served the function of reflecting the day-to-day practices of Sayyoo and Laaloo Oromoos.

4.2: RECOMMENDATION

The researcher strongly recommends the study of oral literature since it has relevance for the study of a society’s past in order to understand its current state. In other words, the society’s oral tradition needs to be studied contextually as it reflects the past experiences of the people which help to understand the society’s present status. It is evident that folktales reflect a society’s cultural practices, wisdom and philosophies of life. Thus, the study of folktales of Qellem Wallaggaa Oromoo is believed to be significant. This study is believed to reflect the people’s active traditional practices, prevalent moral values and cultural codes as well as social wisdom and philosophy of the people of Qellem.

Finally, the researcher concludes that the discussed functions of folktales of Qellem Oromoo are the major ones discovered in the collected and studied folktales from the area, and door is open for any one who is willing to conduct research on the oral traditions of Laaloo and Sayyoo Oromoos to discover more.

BIBLIOGRAPHY

- Aarne, Antti and Stith Thompson (1973). *The Types of the Folktale: A Classification and Bibliography*, (no. 184). Helsinki: Folklore Dellows Communications
- _____ (1977). *Search for the Golden Bird*. New York, Freely translated from Spanish in Barrera Vasquez. Andrade, Manuel J. "Yucatec Maya Stories," *MCMCA*, (no. 262)
- Abarra Nafa (ed.) (1993). *Afoola Oromoo: Dur-durii Jildii III*. Oromia Culture and Information Bureau, Addis Ababa.
- Abraham(2000). "Jimma Oromo Oral Prose Narratives: A Preliminary Descriptive Analysis." MA thesis, Addis Ababa University
- Abrams, M.H. (1988) *Glossary of Literary Terms 5th(ed)*. New York: Holt, Rinehart and Winston.
- Afoola Oromoo (1998); *Dur-durii Jildii II-IV*. Biiroro Aadaa fi Tuurizimii Oromiyaa: Finfinnee.
- Andrzejewski (1962). *Ideas about Warfare in Borana (Oromo) Stories and Fables. Vol.3, 116-136*
- Arewa, O. (1990) *A Classification of the Folktales of the Northern East African Cattle Area by Types*: New York: Arno Press.
- Armstrong, R.(1959). *Content Analysis in Folkloristics*: Urbana.
- Asmarom Legesse (1973). *Three Approaches to the Study of African Society*. New York: The Free Press, a Division of Macmillan Publishing Co.
- Bacchilkega, C. (1997). *Post Modern Fairy Tales: Gender and Narrative Strategies* Philadelphia: University of Pennsylvania press.
- Bascom, W. (1965a). *Folklore and Anthropology*. Dundes, A. (ed). *The Study of Folklore* Prentice Hall, Inc Prentice Hall, Inc.
- _____ (1965b) *Four Functions of Folklore*. Dundes, A. (ed.). *The Study of Folklore* Prentice Hall, Inc
- Berhanu, Bekele. (2008 unpub.) "The Portrayal of Women in folktales and popular Sayings of East Wallagga Oromoo". Addis Ababa: Addis Ababa University.

- Berhanu Mathewos (1986). *An Analysis of Kambata Proverbs*. Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Cathy, J. (1984). *Folklore in Oral Tradition, Fairy Tales, Fables and Folk Legend*. <http://www.yale.edu/ynhti/curriculum/units>
- Cerruli, E. (1922) *The Folk-Literature of the (Oromo) of Southern Abyssinia*. Harvard: African Studies, Vol.3, Varia Africana.
- Chesaina, C. (1991). *Oral Literature of Kalenjin*: Nairobi: Heinemann Kenya Ltd.
- Coffin, P, and H.Choen (1966). *Folklore in America*. New York: Doubleday and Company Inc.
- Courlander, H. (1978) *A Treasury of African Folklore*. New York: Crown Publishers, Inc.
- Cuddon, J.A (1998). *The Penguin Dictionary of Literary Terms and Literary Theory*. 4th ed. England: Clay Ltd. Ives, PLC.
- Dorson, R.M. (1972). *Folklore and folklife: An Introduction*. Chicago and London: The University of Chicago press.
- Dundes, A. (1962). "From Etic ti Emic. "Units in Structural Study of Folktales". *Journal of American Folklore*. (Vol. 75, pp 95-105)
- _____ (ed) (1966). *The Study of Folklore*. Englewood cliffs: Prentice Hall Inc.
- Fekade A. (1984). *Ethiopian Oral Literature: A Preliminary Review and Bibliography*. Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Finnegan, R. (1966). *Limba Stories and Storytelling*. Connecticut: Greenwood Press.
- _____ (1970). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press.
- _____ (1976). *Oral Literature in Africa*. . Oxford: Oxford University Press
- _____ (1992). *Oral Traditions and Verbal Art*. London: Routledge.
- Gacau, R. N. (1970). *Kikuyu Folktales*. East Africa Literature Bureau: Nairobi, Doresalaam and Kampala.
- Hinsene Mekuria (2006). *Oromo-Amharic-English Dictionary*. Addis Ababa, Ethiopia
- Jackobson, R. (1956). *On Russian Folktales, Russian Fairy Tales*. New Yor: Macmillan Publishing Co.

- Jackson, M. (1982). *Allegories of the Wilderness. Ethnics and Ambiguity in Kuranko Narratives*. Bloomington: Indiana University Press.
- James, H.(1979).*Oral History: An Introduction for Students*. The University of North Carolina, Chapel Hill.
- Jan, V. (1985). *Oral Tradition as History*. Nairobi: Heinemann.
- Kabira, M. and Mutahi Wa, K. (1988). *Kikuyu Oral Literature*: Nairobi: Heinemann.
- Leach, M (ed) (1948). *Standard Dictionary of Folklore: Mythology and Legend*. New York: Funk and Wagnall Company.
- Luth, N.(1982).*The European Folktales: Form and Nature* .USA: Indiana University Press.
- Melakneh, Mengistu(1990). “The Major Themes and Motifs of Southern Agaw Folktales.” MA Thesis, Addis Ababa University.
- _____ (2005).*Map of African Literature*. Addis Ababa: Biranna Enterprise.
- Mulugeta, M. (1976). “Ba Jibatina Mecha Awuraja Yetesabasebu Yagabarin Hiwot Yamiyansabariku Oromigna Taratoch.” BA Thesis. Addis Ababa University
- NegassoGidada (2001).*History of the Sayyoo Oromoo of Southwestern Wallaggaa from about 1730 to 1886*. Germany: University of Frankfurt.
- Noy, D. (1963).*Folktales of Isreal*. Chicago: University of Chicago
- Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature*. Bloomington: Indiana University Press.
- Rex, M. (1997). *Historical Explanation*. Ithaca and Londa: Cornell University.
- Sahilu Kidane (1996) “Borana Oromo Prose Narratives.” A contextual Study.MA Thesis; Addis Ababa University.
- Simiyuu, V. (1994). *Oral Literature as part of Oral Traditons*. Bukenya, A.et al. (edits) Nairobi: Nairobi University Press.
- _____ (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi: Nairobi University Press.
- Stitch, T. (1946). *The Folktale*. New York: Holt, Rinehart and Winston.
- Sumner, C. (1996). *Oromo Wisdom Literature (Vol.III)*. Folktales Collection and Analysis. Addis Ababa: *Gudina Tumsa Foundation*, Central Printing Press

- Tesfaye, G. (1990). "A Study of Major Themes in Jablawai Folktales." MA Thesis, Addis Ababa University.
- Tiruneh, A. (1982). "Ya Boke Quni Oromigna Taratoch." BA Thesis, Addis Ababa University.
- Ziolkowski, M.J. (2007) *Fairy Tales from Fairy Tales*. USA: Ann Arbor, the University of Michigan press.

DABALATA (A): DUR-DURII OROMOO

APPENDIX (A): OROMOO FOLKTALES

Hub. Kutaan kun Dur-duriiwan Oromoo (1-22) boqonnaa sadaffaa jalatti xiinxalaminii fi kanneen (23-50) xiinxala keessatti hin fudhatamne of keessatti hammata.

N.B .This section includes the folktales (1-22) that are analyzed under the third chapter and those (23-50) that are not taken for the analysis.

Dur-durii 23: Jaldeessicha Gowwaa

Bar tokko, Jaldeessaa fi kanniisatu dabaree dabareen dhangaa qopheessanii wal waamu turan. Guyyaa tokko kanniisni nyaata fi dhugaatii qopheessitee jaldeessota waamte. Achumaa jaldeessotni nyaatanii quufanii kanniisota eebbisan. Nyaataa fi dhugaatii kanas maal irraa akka qopheessan kanniisa gaafatan. Kanniisotnis, “Udaanii fi fincaan keenya irraa qopheessine” jedhanii jaldeessota gowwomsan. Jaldeessotnis galanii udaanii fi fincaan isaanii walitti makanii daadhii qopheessanii dhiheessaniif. Kanniisotnis foolii (ajaa) isaatiif afaanitti deeffachuu hin dandeenye. Achumaan jaldeessota hiddanii fixan. Qamaleen muka irra teessee waan ta’u hundumaa daawwachaa turte tokko “Qooda dhuma irratti gowwomte, osoo jalqabuma irratti gowwomteetta ta’ee,” jetteen Jaldeessaan, jedhama.

Dur-durii 24: Leenca Cima

Gaaf tokko Leencaa fi waraabessatu osoo karaa deemanii wal argan. Waraabessi, “Maal nyaattanii akkas cimtanii?” jedhee Obbo Guddaa gaafate. Obbo Guddaanis, “Foon dheedhii fi foon ho’aan nyaadha,” jedheen. Itti dabalees, “Ani akka kee horii du’aa hin nyaadhu” jedheen, waraabessaan. Isa booda akka waraabessi isaa wajjiin deemu itti hime. Waraabessis osoo booddee Leencaa deemuu biraa hafee foon sangaa du’aa tokko nyaachuu eegale. Achumaan yagguu leenci galagalee of duuba ilaalu waraabo duukaa hin jiru. Xiqqoo turee waraabessi fiigee Leenca qaqqabe. Isa booda, “Achumaan, waraabessi, “Fira koo dubbisuuttan gore” jedheen , Leencaan. Leencis bosonuu qabatee nyaachaa waan tureef “Kottuu na waliin nyaadhu in cimtaa” jedheen. Achumaan waraabessi, “Boodan nyaadha” jedheen. Leencis, “waanuma foolii fuute nyaadhu,” jedheen jedhama.

Dur-durii 25: Hantuuta Adii

Hantuutni tokko ilmoo baay'ee qabdi turte. Isaan keessaa isheen tokko adii turte. Hantuutnis ilmoo ishee adii sana sanyii ishee keessaa fuusisuu hin barbaadne. Hantuutnis intala aduu fuusisuuf mana ishee dhaqxee gaafatee. Isa booda aduun “Ani hamma urjii hin gahu, urjiitu na caala,” jettee gara urjiitti ergite. Urjiin immoo, “Ani akka duumessaa cimaa miti,” jettee gara duumessaatti ishee ergite. Duumessis “Ani hamma qilleensaa hin gahu, intala qilleensaa fuudhi” jedhe itti erge.

Qilleensi immoo, “Ani danda'ee tulluu hin dhiibu, isatu na caala, dhaqii intala isaa fuudhi” jedheen. Achiin booda gaafa hantuutni intala tulluu fuuchuuf gaafachuu dhaqxu, “Ani hamma tuqaa(mole) hin gahu; kan mana koo dhiigu isa. “Kanaaf dhaqii intala tuqaa fuudhi” jettee garuma manashee ganamaatti ishee deebifte jedhama.

Dur-durii 26: Raachaa fi Hantuuta

Dur Dur-durii raachaa fi hantuutni waliin jiraachaa turan. Raachis hantuuta mana isheetti hafeerte. Dabareen hantuutaa geenyaan ishenis hafeerte. Gaaf tokko raachi mana ishee isa bishaan keessaatti hantuuta buna waamnaa hantuutnis buna dhuguu dhaqee galaanaan nyaatamte jedhama.

Dur-durii 27: Jaalalleewwan

Bara Dur-durii gurbaa tokkoo fi intala tokkotu wal jaallachaa turan. Gurbaanis, “Yoon galgala gara mana keessanii dhufe, attamittan si argadha? “jedheen, intalaan. Isheenis, “Ani haada dheeraa miilla kootti hidheen balbala jalaan gadi baasee ciisa.” “Yagguu ati isa gadi harkiftu ka'een dhufa,” jetteen gurbaadhaan. Akkuma jette gootee ciifte. Galgala abbaan intalaa mana fincaanii dhaquuf gadi bahe. Yaggu haada sana argu waansaa wal'aalee gadi harkise. Intaltis jaalallee kootu dhufe seete fiigdee morma abbaasheetti maramte. “Kottu wal fudhannee badnaa,” jetteen. Abbaanis waan jedhu wal'aalee, “Maal intala koo eessa dhaqnaa?” jedheen. Abbaa ishee ta'uu gaafa bartu dooniin ittiin citee fiigdee manatti deebite, jedhama.

Dur-durii 28: Leencaa fi Sangoota Afur.

Bartokko, sangootni afur tokkummaadhaan jiraachaa turan. Gaaf tokko leenci adamsaaf baanaan sangootni kunneen karaa irratti itti dhufan. Leencis isaan qabachuuf yaalii Godhe. Isaan tokkummaa waan qabaniif Leenca ofirraa waan lolaniif leenci isaan mo'achuu hin dandeenye. Gaaf biroo immoo sangootni sun osoo qofa qofaa deemanii leenci isan argatee isaan nyaatee fixe jedhama.

Dur-durii 29: Ilma Dabaa fi Ilma Garraamii

Bara Dur-durii namichi tokko ilmaan lama qaba ture. Inni hangafti garraamii, inni quxisuun immoo dabaa (hamaa) ture. Inni quxisuun akka inni hangafti lafa isaa irraa kutuufiif gaafate.

Achumaan inni hangafti maanguddoota ollaa waamee irratti mariisiisuuf murteesse. Manguddoonnis dhimma kana irratti haasa'uuf dhufan. Gurbaan inni quxisuun na dhukkuba jedhee mala uumee hafe. Gurbaan inni hangafaa bakka inni quxisuun hin jirretti lafasaarraa kennuu waan hin bArbaadneef ni dide. Manguddoonnis gara mana mana isaaniitti deebi'an.

Gaaf tokko gurbaan inni quxisuun sun isa hangafaa irratti waraana bane. Farda abbaasaa yaabbatee obboleessa isaa lolee ajjeesee lafaa fi qabeenya obboleessa isaa dhaale jedhama.

Dur-durii 30: Ijoollee Sadeenii fi haadha buddeena

Bara Dur-durii maatii ijoollee sadii qaban tokkotu ture. Haati ijoollee kanaa jalaaduunaan namichi haadha manaa biraa fuudhe. Dubartii inni fuudhe kun garuu ijoollee namicha kanaa ija isheetiin arguu hin feetu. Achumaan, abbaa manaa isheetiin, "Ijoollee kana narraa adeemsi" jetteen. Abbaanis ijoollee kanaaf mana keessatti boolla qotee mana tolcheefii achi keessa kaa'e. Haadha buddeenaatiin garuu "Ayyaana warra kootiin soora" jedhee guyyaa guyyaan nyaata kennisiisaaf. Gaaf tokko dubartiin sun ollaa dhaqnaan namootni sun akka abbaan manaa ishee dhoksee ijoollee isaa achi keessatti sooru itti himan. Achuman ijoollee sana ajjeesuuf kaayyeeffatte. Bulluqa xuwwee guutuu bulluqsatee itti naquuf yaaadde ollaa isheetiin mari'ate. Abbaan manaa ishee kana dhaga'ee halkan ijoolleesaa manaa fuudhee bakkeettu gatuuf deeme. Dhaqee holqa mukaa tokko keessa ciibsee osoo isaan rafaa jiranii jalaa bade. Ijoolleen yagguu hirribaa dammaqan waan Godhan wallaalan. Achiin booda intalti isheen hangafti obboleessa ishee fi obboleettii ishee manatti dhiiftee nyaatabarbaacha osoo deemtu mana "Bulguu" agarte ol itti seente. Bulguun garuu sa'a tika deeme. Isa booda nyaataa fi waan isaan bArbaachisu hunda fuutee gara obboleessaa fi obboleettii isheetti deebite.

Gaaf biroo ishee quxisuun akkuma ishee hangafaa nyaata bArbaachuu mana bulguu dhaqxe. Mana seentee yagguu asiifi achi ilaaltu warqee fi meetii akkasumas meeshaalee babbareedoo mana Bulguu keessatti argite ilaaluudhaan raatofte. Utuma kanaan jirtuu Bulguun itti dhufee, "Maal inni namuu namuu natti jedhu?" jedhe. Intalattiis qabatee qalqalloo keessa buufatee qooxii irratti fannifatee deeme. Sa'a tika deemee loon isaa ilaaluuf yagguu bahu, intalli isheen hangafaa obboleettii ishee ilaaluuf gara mana Bulguu deemte. Yagguu isheen dhaqxu obboleettiin ishee qalqalloodhaan fannifamtee argatte. Achumaan dhagaa fuutee qalqalloo sana keessa keessee fanniftee obboleettishee keechaa baaftee fudhattee galte. Bulguun galgala yagguu loon isaa fudhatee galu abidda giimessee qalqalloo sana jala kaa'e. Intalatu keessa jira se'ee yagguu inni eeboo fudhatee asii ol tumatu dhagaan qalqalloo sana keessaa irratti lafa

dhahee Bulguu ajjeese. Intalli isheen hangafaa ganamaan kaatee waan ta'e ilaaluuf gara manasaa deemte. Yagguu Bulguun akka du'e agartu dhaqxee obboloota ishee waammatee Bulguu mana keessaa reeffa isaa gadi harkisanii gatan. Booda manasaa haratanii itti galanii dhaalan. Utuma kanaan jiranii gaaf tokko namootni lama osoo karaa deemanii manasaaniitti goranii buluuf gaafatan. Achumaan ijoolettiin, "Bulaa kaa manni kan Rabbiiti" jedhaniin. Isa booda ijoolleen durbaa lamaanuu jara lamaan jaallatanii itti heeruman. Gaaf tokko abbaan ijoolleetti beela'ee gara mana ijoolleesatii warra duraan gatee sana midhaan kadhaa dhaqe. Garuu akka ijoollee isaa ta'an hin barre ture. Ijoolleen garuu abbaa isaanii akka tahe baraniiru. Midhaan kenniifii "Haadha manaa kees fudhuu booda kottu" jedhanii itti himan. Gaafa inni galu boolla qotanii citaa (marga) irra afaanii kaa'an. Gaafa abbaan isanii haadha buddeenaasaanii wajjin dhufu abbaa goor-duuba, ishee immoo diinqatti waamanii bakka qopheessan irra teessifnaan isheen boolicha keessa buutee duute. Achumatti ishee awwaalan. Abbaan ijoolleettiis haadha manasaa eegee dadhabe jedhama.

Dur-durii 31: Bineeyyii Sadeen

Bar tokko, uummoo, gogorrii fi Waraabessaatu Harree walitti bitatan. Dabaree dabareen tiksuu eegalan. Uummoon Harree tiksaa achumaan immoo kuruphisa funaannataa ooltee galti. Gogorriinis dabareen ishee geenyaan Harree fuutee marga lalisaatti baafttee isheen immoo raammoo funaannachaa ooltee galti. Warraabessis gaafa dabaree isaa Harree fudhatee tiksuuuf bakeetti bahe. Harree bosanatti harkisee achumaan fixee gale. Galgala galee, uummoofi gogorriitti akka waan Harreen baddeetti itti hime. Sadan isaaniyyuu "Kottaa dhaqnee bArbaadnaa" jedhanii wal fudhatanii deemsa eegalan. Osoo kosorruu keessa bArbaadani, gogorriin, "Shokaa, faanni kunoo, shokaa faanni kunoo" jechaa bArbaadduu itti fufte. Uummoon immoo garaan isaa akka waraabessi Harree nyaate baratee "Muu gaddeebituu, dur waraabessaa wajjin harree bituu!" jedhe jedhama.

Dur-durii 32: Hunda Keessaa Kan Caalu Eenyuu?

Dur-Dur-durii tulluu, sibiila, abidda, bishaan, qilleensa, nama, hirriba, du'aa fi Gooftaa Yesuustu waliin turan. Isaanis wal dorgommii, "Eenyutu caalaa?" adeemsisan. Namootni murtoo kennanis wal gahan.. Akkas jedhani: Tuulluun hunda caala. Lakkii kan tulluu diigu sibiilatu caala. Abiddi sibiila baqsa, kanaafuu isatu caala. Abidda bishaantu dhaamsa. Bishaantu caala. Qilleensi bishaan asii fi achi oofa. Isatu caala. Qilleensi danda'ee nama ol hin fuudhu, namatu caala. Lakkii, kan nama of wal'aalchisu hirribatu caala. Waawuu, kan nama fudhatee achiin hafu du'atu caala. Lakkii, kan du'a mo'ee, du'aa kaasuu Gooftaa Yesuustu caala jedhan, jedhama.

Dur-durii 33 Hattoota sadeen

Bara Dur-durii, hattootni sadii waliin hataa turan. Isaan keessaa inni tokko haadha isaa waliin jiraata. Warri lameen garuu haadha warraa qabu. Gaaftokko warrilameenii kun namicha is haadha isaa waliin jiraatu qooduu eegalan. Saawwa waliin hatan qalatani lama ta’anii hirmaatanii isa sana dhorkatan. Gaaf biraas osoo isaan saawwa hatanii qalatani foon isaa nyaachaa jirani dhokatee ilaale. Achumaan gogaa saawwa isa kanaan dura gogsee kaa’ee fuudhee dhaqee muka guddaa tokkotti ol bahee gogicha ulee dhaan tumee, sobee “Uuu’... uuu ... maaloo na hin ajjeesinaa” jedhee iyye. Jarris baqatanii gaafa mana isaaniitti galan namichi tokko waan namichi hattichi isaan godhe itti hime. Isa booda jarri sun osoo namichi hin galin manasaa guubanii eegani. Gaaf galee mana isaa gubachuu isaa argu, sobee daaraa dooniyaatti guutee gabaa bahe. Isa booda mana jara tokkoo bira gaafa gahu, daakuu koo kana naaf ilaalaa jedhee jaratti himatee deeme. Achiin booda deebi’ee sobee maaltu dooniya koo keessaa daakuu koo fudhatee daaraa itti na duraa naqe jedhee iyya keessa buuse. Achumaan jarri qaana’anii maaloo hin iyyin nuyyuu daakuu siif kennina jedhanii dakuu dooniya lama kennaniif. Isa booda fudhatee manatti gale. Yagguu galu hattoota warra lamaanii sanaan kunoo ani gabaa dhaqeen daaraa mana kootii daakuutti jijjiirradhee gale isin ofumaa gowwomtanii mana koo gubdan jedheen. Isa booda jarri mana isaanii gubanii daaraa gabaatti n geessanii “Daaraa bittuun, daaraa bittuun ...” jedhanii gabaa keessa asii fi achi deemanii lallabu. Namootnis jaratti kolfan. Jarris aaranii namicha ajjeesuuf gara manaatti yagguu deebi’an, namichi haadha isaa fudhatee biyya biraatti bade, jedhama.

Dur-durii 34 Waraabessaa fi Dubartii tokko

Bar tokko dubartiin tokko bosona gobbuu tokko keessa jiraachaa turte. Bosonichuma keessa waraabeyyii hedduun ni jiraatu turan. Gaaf tokko waraabessi tokko karaa mana dubartii kanaa osoo darbuu “Maaloo lafee xiqqoo” jedhee kadhate. Isheen immoo mooqa mooqqachaa achumaan lafee affeellachaa turte. Achumaan lafee xiqqoo waraabessaaf kenniteef. Waraabessis, “Lafee akkas mi’aawu eessaa argattee?” jedhee ishee gaafate. Isheenis “Yoo ati yagguun guyyaa guyyaa manaa deemu mucaa koo naaf eegde gatiisaa lafee siifan kenna” jetteen. Achiin booda waraabessaa fi dubartiin sun waliif galan. Walii galtee isaanii keessatti dubartittiin akka waraabessi yagguu mucaa dugdatti baatu lafee nyaachuu hin qabne itti himte. Gaaf tokko waraabessi osoo ariitiidhaan lafee nyaachaa jiruu mucaa dubartittii ofirratti rukutee ajjeesee, isa booda waan Godhu wal’aalee reeffa mucaa dhadhaa dibee sukkuumee akka waan rafaa jirtuutti kaa’e.

Dubartiin sun yagguu galtu, “Mucaan koo meerre?” jettee warraabessa gaafatte. Waraabessis, “Rafaa jirti” jedheen. Mucaan hirribaa ka’uu didnaan yagguu dubartittiin dhaqxee ilaaltu, mucaan diilalloofteetti (duuteetti). Isa booda gaddi guddaan isheetti gale. Waan gootus wal’aaltee, “Dhaqii reeffa mucaa kanaa gati” jettee itti kennite. Isa booda waraabessi reeffa sana bakka dhihootti gatee deebi’e. Achiin booda

eessatti akka gate gaafatte. Innis, “Godoo kana duubattin gate” jedheen. Isheenis, “Hin ta’u, dhaqii mukeen gama sanaa duubatti gati” jette. Hamma waraabessi reeffa sana gatuu dhaqetti bulluqa bishaanii keessatti ‘mismaara’ danfiftee qopheeffattee eegde. Yagguu inni deebi’u qabdee mukatti isa hiitee ol deebite. Gaaf tokko waraabeyyiin biroon osoo achiin dArbaa jiranii waraabessa isa hidhamee jiru arganii “Maaliif hidhamte?” jedhanii gaafatan. Innis, “Mooqa koo keessatti tisiisa tokko argee dhuguu didnaan dubartiin mana isheetti galu na hiite” jedheen. Inni tokko, “Meerre mooqichi nan dhugaa” jedhee isa hidhame gaafate. “Kottuu na hiiki” jedhe inni hidhame. Achumaan isa tokko qabee hidhee “Yoo isheen dhufu mooqa isa tisiisa qabu nan dhuga, jedhiin” jedhee sokke. Dubartittiin yagguu fagoo irraa darbattee mismaara sanaan waraanuu egaluu, “Mooqicha isa tisiisa qabu nan dhuga” jedhee wawwaachuutti ka’e. Isheen garuu waansaa hin barre. Waraabessa isa mucaashee ajjeese seetee adabbii isaa itti cimsite. “Mucaa Koo ajjeefte. Hoo’u kana hoo’u kana...fuudhi isa kana...” jettee waraansa itti cimsitee ajjeefte, jedhama.

Dur-durii 35: Manaa fi Mala Dhabaaf

Bara durii qeerransootni mana Arbaa deemanii intala isaanii fuuchuuf gafatu. “Intala keessan ilma keenyaaf kennaa” jedhaniin. Isa booda arbi, “Arbi intala isaa Qeeransaaf kenne jechuunuu maqaa keenya miti, isin akkamitti dhufanii: jedhee isaan gaafate. Achumaan arbi oldeebi’ee “Jarri kun intalaaf dhufne jedhu, maal wayya?” jedhee intala gaafate. Isheenis, “Yaa abbaa, ati hamaa hin ta’in, tole jedhiin” jetteen. Itti fuftees, “Isaan mana dhabaa fi mala dhabaaf na dhaban” jetteen, Achumaan arbi Qeeransadhaan, “Dura dhaqaa mana ijaarradhaa booda deebitanii beellamaan intala fuutuu” jedhe. Isaanis, “Haaya” jedhanii gara mana isaanitti deebi’an. Isa booda firootan isanii waammatanii, “Kottaa kaanee mana Arba itti galchinu ijarraa” jedhanii itti himan. Mukni biyya isaanii xixiqqaa waan ta’eef muka gurguddaa bArbaachuuf gara gammoojjii dhaqan. Isa booda mukni gammoojjii hundinuu xixiqqaa waan turaniif (waan gaggabaaboo ta’aniif) Qeeransan hanga har’aatti mukabarbaacha gaammoojjii keessa naanna’u jedhama.

Dur-durii 36: Namoota Sadii (2)

Bara Dur-durii Namoota sadiitu turan: inni tokko goota, inni tokko arjaa , inni tokko immoo beekaa ture. Namootni kun sadeen osoo waliin deemanii bosona cillimii tokko bira gahan. Leencotni hedduun kan bosona sana keessa jiraatan namoota kanneen nyaachuuf wal waamanii itti dhaqan. Leenci inni tokko maaliif bosona keenya keessa dhufanii?” “Nuhi nama as dhufe hin dhiifnu ni nyaanna?” jedheen. Itti dabalee, “Nama tokko as nuuf kennaa” jedheen. Achumaan namichi inni hayyichi, nama isiniif kennina garuu dura mari’anna jedheen.

Isa booda, inni arjaan, “Kan hafe haa galu tokko ni kennina kaa” jedheen . Inni gootni garuu, “Maal abbaasaa diina gabbarra; didnee ofirraa waraanna” jedhe. Inni hayichi, “Nu illee biyya keenyatti mootiidha, mootii mootii nyaatu as fidaa” jedhe. Leencis waliin mari’achuutti ka’an. Namootni sadeen sunis, waliin “ Ati Leenca jechuuf, innillee Leenca, rakkanne,” waliin jedhan. Inni gootni, “Ani Leencaa ana kennaa” jennaan, leenci deebisee, “kan ati Leencaa, nu Saree taanee?” jedhee aare. Osoo kanaan gungumanii lafti isaanitti bariitee jennaan namootni sun harkaa fiiganii of baafatan jedhama.

Dur-durii 37: Bineensota Shanan

Bar tokko, waraabessa, hilleessa, Jeedala, Leencaa fi qeerransatu shan ta’anii waliin jiraachaa turan. Isaan kun gaaf tokko wal gahii akka Godhatan walitti beeksisan. Guyyaan walgahii isaanii geenyaan akkuma beellama isaaniitti argaman.

Guyyaa sanatti hundumti isaanii jiruu isaanii keessatti maaltu akka badduu ta’e (itti hin tolle) wal gaafatan. Jalqaba leenci, “Jiruu keessatti d ulloomuutu gaarii miti; ani kanuman jibba” jedhe. “Maaliif?” jedhanii isa gaafannaan, “Amma kana jibicha tokko qabadheen na harkaa luqqifatee bahe,” jedhe. Itti fufees, “Ani duri sangaa cimaa iyyuu dallaa kessaa buteen baasa” jedhee isa bara dargaggummaa isaa yaadatee boo’e. “Siif immoo maaltu jiruu keessatti badduu dha?”, jedhanii qeerransa gaafatan. “Anaaf nama jalaa dheessuutu badduu” jedhe. Hilleessaan , “Siif hoo maaltu baddu?” jennaan, “Anaaf osoo hin milkaa’in du’uun baddu” jette. Jeedala gaafannaan, “ Anaaf beelti badduu” jetteen. Maanguddoonni, “Isaan keessaa kamtu sirrii dha?” jedhanii wal gaafatan. Kaan Leenca, kaan hilleensa, kaan Jeedala, kaan immoo qeerransa jedha. Haa ta’u malee murtii deebii waraabessaaf kennanii waraabessa abbaa dhugaa Godhanii hambisan jedhama.

Dur-durii 38: Kara- deemaa

Gaaf tokko namichi tokko osoo karaa deemuu aduun itti dhiinaan mana jara tokkootti goree akka isa bulchaniif gaafate. Achumaan jarris, “Bulaa kaa manni hoo kan waaqayyootii” jedhaniin. Isa booda ol seenee taa’e. Xiqqoo turee haadha manaa namichaa jaallatee ija ija keessa ilaaluu jalqabe. Halkan walakkaa ka’ee gadi bahee dallaa keessaa horii dammaqsee akka abbaan manaa ishee gadi bahu mala male. Yagguu alaa sagalee horii dhageessu haati manaa , “ Maaloo jara keenyaa ka’aa ala ilaalaa mee” jetteen. Inni immoo, “Atumti mee dhaqii ilaali” jedheen. Yagguu isheen kaatee gadi baatu, namichi imaltuun sun niitii namichaati se’ee bakka ciisichaatti dhirsa ishee yaabbatee dhungachuutti kaanaan, “Ani bade, akkam na gochaa jirta aboo!” jennaan, keessumichi rifatee, “ Deemuufan jedha; kanaafan nagaa sitti dhaamaa jira” jedhee fiigee sokke jedhama.

Dur-durii 39: Jaartii Abshaala tokko

Bar tokko dhirsa hamaa hoolaa tokko qabu tokkotu ture. Innis yeroo manaa bahu jaartiisaatiin, “Hoolaan koo hin qalamin, foon manaa hin dhabamin,erbeen alaa hin dhabamin,” jedheenii itti himee deema.

Namichi yagguu galgala galu foonii fi erbee dhabee jaartiitti aaree jeennaan, jaartiin, “Hoolaan koo hin qalamin jettehoo, foonii fi erbee eessaan fidaree?” jetteen. Achumaan namichi jaartiisaa mana ari’ee kan biraa fuudhe.Yagguu ammas manaa deemuuf ka’u, akkuma ishee duraatiin jedhe jaartiisaa ishee booddanaattis himee deeme. Jaartiinis eegee hoolaa irraa murtee foon keessaa baaftee erbeee ishee immoo ala aftee abbaa manaa ishee eegde. Dhirsii ishees gaafa galu baay’ee itti gammadee walii galteedhaan wajjin jiraachuu itti fufan jedhama.

Dur-durii 40: Michoota Lamaan

Dur, adurreewwan lamatu michummaadhaan waliin jiraachaa turan. Gaaf tokko beelli itti cimnaan midhaan barbaaddachuu deeman. Osoo asii fi achi joojja’anii mana sooressa tokkoo gahanii utaalani karaa foddaatiin manicha lixan. Akkuma lixaniin foon manicha keessaa argatanii baay’ee gammadan. Foonichas afaan isaaniitti fudhatanii karuma lixan deebi’anii bahan. Isaan keessaa inni tokko foon muraasa; inni kaan immoo foon baay’ee fudhatee ture. Isa booda inni muraasa fudhate sun walitti haa makannu jedhee isa baay’ee fudhate gaafannaan inni immoo dide. Osoo sababa kanaan wal lolaa jiranii wangoon itti dhuftee, “Maaliif wal loltu?” jettee gaafatte. Isaanis sababa wal lolaniif tokko tokkoon itti himan.

Yagguu kana wangoon, “Ganda kana keessatti abbaan murtii ana ; kanaafuu waldiddaa keessan isiniin ilaala jedhee muka jala taa’e. Yagguu kana , “ Foon irratti wal loltan kana addaanan isiniif qoodaa dhaqaa madaallii fidaa” jedhe. Achumaan madaallii fidanii itti kennan. Yagguu madaallii irra kaa’ee ilaalu kan caalu irraa kutatee liqimsu, kaantu caala. Ammas yagguu isa kaan irraa kutatee liqimsu, kaantu caalee itti argama. Utuma walqixxeessuuf yaaluu foon xiqqaachaa adeemte.Isa booda adurreen, “Abbaan seerummaa kee nutti haa hafuu, nuyyuu addaan qooddanna foon keenya nuuf deebisi” jetteen.Wangoon immoo itti kolfee, “ Walii galuu dur diddan; dubbiin keessan akkuma seeraan jalqabametti seeraan xumurama” jedheen. Itti dabalees, “Ani ganamaa eegalee hamma galgalaatti dhimma keessanitti dadhabaa ooluun koo maaliif dagatamaa?” jedhe. “Foon isheen hafte kun gatii dadhabii koo iyyuu hin baafuu” jedhee jara lamaan harka duwaa galche jedhama.

Dur-durii 41: Hiriyoota Afur

Bar tokko jarreen tokko afur tahnii nyaata walii fiduudhaan gamtaan wal gargaaraa turan. Jalqaba qeerransi dhaqee hoolaa qabee isaaniif fidee nyaachise. Itti aansuun jaldeessi maasii namaa keessaa boqqolloo guuree fidee isaan nyaachise. Gaafa dabaree ishee Lafti dhadhaa, damma, aannaan, hoolaa, bishaanii fi midhaan gosa hundaa fiddee isaan nyaachifnaan hundumtuu quufee lafa eebbise.

Dabareen kuruphee geenyaan, isheen immoo bakkee ooltee harka duwwaa itti galte. Achumaan qeerransi aaree, “Meerre nyaatni ati nuuf fidde?” jennaan kurupheen rifattee fiigde. Qeerranisis faana fiigee dadhabee itti dhiisee deebi’ee jennaan jaldeessee itti fufee faana fiige. Innis xiqqoo fiigee dadhabee deebi’e. Isa booda laftis aartee duukaa fiiguutti kaate. Kurupheenis lafti bakka hundumaa waan jirtuuf bakka lixxu dhabde. Hamma har’aatti kurupheen sababa kanaaf osoo fiigduu hafte jedhama.

Dur-durii 42: Dureessaa fi Hiyyeessa

Bar tokko namicha dureessaa fi namicha hiyyeessa tokkotu waliin turan. Inni soressi sun horii baay’ee qaba ture. Inni hiyyeessi garuu saroota qofa qaba. Gaaf tokko inni dureessi sun , “ Saroota keetu hoolota koo nyaate; kanaafuu maanguddoota biyyaattan himadha,” jedhee isa hiyyeessatti hime. Gaafa inni jaarsoliitti himatu, isaan immoo, “Dhiisiif” jedhaniin. Inni soressichi garuu in dide. Inni soressichis akka sarootni namichaa sun qalamanii gaaraa isaanii keessa hoolota isaa illallatuuf yaa’ii sana gaafate. Achumaan jaarsoliin waan Godhan wal’aalanii saroota sana qalanii garaa keessa yagguu ilaalan homaa hin arganne.

Gaaf biraa midhaan hiyyeessichi harkaan itti dadhabee qotate horiin soressichaa nyaattee fixxe. Achumaan namichi jaarsoliitti isa himate. Yaa’icha irratti namichi inni soressi horiin koo midhaan isaa hin nyaanne jedhee haale. Inni hiyyeessichi immoo, “Akkuma saroota koo qaltanii horiisaa keessa ilaaltanitti, horiisaa hunda qalaatii midhaan koo keessa naaf ilaalaa” jedheen. Jaarsoliin sun garuu , “ Isin lachuu hiyyoomuu irra” jedhanii horii soressichaa hunda walqixxeetti addaan qoodaniif” jedhama.

Dur-durii 43: Niitii fi Dhirsashee

Bara lolli ammaate tokko namichi niitiisaa akkuma fuudheen osoo mucaa irraa hin Godhatin dhiisee deeme jedhama. Yagguu deeme sana gurbaa tokko qacaratee akka mana isaa eeguuf dhiisee deeme. Abbaan manaa sun yeroo dheeraaf duula sana irra ture. Gidduutti niitiin isaa namicha mana eegu sana waliin jaalala jalqabdee ilma deesseef. Abbaan manaa ishee bara shan duula turee yagguu galaa jiru osoo gurbaan inni qacarate lagaa uffata miicuu argee, “ Aboo akkam jirta, warri nagaa qabaa?” jedheen. Gurbaan deebisee, “ Eeyyee naguma, garuu lukkichi inni guaddaan du’e,” jedheen. Abbaan manaa, “ Lukkuun maal tahee du’e? jedhee gaafate. Gurbaan, “ Foon sangaa nyaatee du’e” jedheen.

Abbaan manaa, “Sangaan maal tahee duhe?” jennaan, gurbaan , “Aayyo dahanii daa’imni jalaa duunaan itti qalani” jedhe. Abbaan manaa, “Eenyurraa daa’ima deesse? jennaan, gurbaan immoo, “Ormi si jedha; ani ana mitin jedha; akkanumatti waliin jirra” jedheen jedhama.

Dur-durii 44: Jaarsaa fi Jaartii

Bara durii jaarsaa fi jaartiin bara beelaa keessa jiraachaa turan. Isaanis raada tokko qabu turani. Raadni isaanii kunis dhalteefii jennaan , jaartiin “ anaa dhalu anaa galu” jetten. Jaarsi immoo, “ Dhaluullee waan misha dhale” jedhe. Achumaan, “Kana beerri hindhudgu” jedhee ofumaa dhuge. Harreen isaanii galgala galee jennaan jaarsi “Anaa galu gal badduu gale” jedhe. Jaartiin immoo “ Gala illee badduu gale garuu waan jaarsi hin nyaanne fide jettee ufumaa nyaatte. Jaarsi immoo “Waan niitiin hin nyaannes waan jaarsi hin dhugnes walitti dabale,” jedhee walumaan nyaatanii dhugan jedhama.

Dur-durii 45: Adii fi Sadii hin Dhiisinaa

Bara Dur-durii warri tokko cidha qabu turan. Hattootni sadii ta’anii deeman tokko immoo osoo karaa darbanii kana dhagahanii ol seenanii isaanii wajjin jeekkara itti fufan. Isaan keessaa tokko warra cidhaa kanatti siqee akka Qaalluu ta’etti itti hime. Achumaan, jarra ofitti isa butanii waliin jeekkaruutti ka’an. Hattootni hafan laman gadi baanaan inni mana keessaa jeekkaru immoo, “Adiii hin dhiisinaa dukkanaaf tolaa; Sadii hin dhiisinaa hirmaataaf tolaa” jedhee yaboon warra alaa sanatti himnaan isaan dhaqanii sangoota sadii dallaa baafatanii deeman. Namichis ganamaan ka’ee qajelee. Haala kanaan abbaan horii horii isaa dhabe jedhama.

Dur-durii 46: Bulguu

Bara Dur-durii Bulguun ollaa namaa jiraachaa ture. Haata’u malee bulguun niitii waan hin qabaanneef durboota ollaa isaa jiran keessaa fuuchuuf gaafatullee namni tole jedhee intalasaa itti heerumsiiisu hin argamne.

Guyyaa tokko Bulguun mucaa durbaa olla isaatii galtu tokkoon, “Dhaqii waanan gubbaa sana coree kaa’ee ture tokko naaf fidi” jedheen. Gaafa isheen dhaqxee fidduuf qabachuuf jennaan intalti irratti bartee jalaa fiigde. Bulguunis, “Aayya, aayya, na eegi” jechaa yagguu inni hordofu isheen diddee fiigdee mana abbaa ishee bira geessee, “Aayya aayya naan jedhaa maal abbaa isaa na beekaa; aabba balbala naa irraa bani,” yeroo ishiin abbaadhaan jettu, abbaan ishee waan Bulguu sodaateef banuufii didnaan baqachaa mana obboleessa ishee dhaqxee, “ Aayyaa aayya naan jedhaa maal abbaasaa na beekaa Obbole narraa bani jatee” jetteen. Obboleessis waan bulguu sodaateef irraa banuu dide. Intalli dabartee gara mana soddaa dhaqxee, “Aayyaa aayya naan jedhaa maal abbaasaa na beekaa; soddayyo narraa bani” jetteen. Soddaan ishiis faaruu ishii gaafa dhagahu balbala jalaa banee ol ishii galchee, booda eeboo qopheeffatee yeroo bulguun intala qabachuuf fiigaa dhufu eeboodhaan waraane ajjeese, jedhama.

Dur-durii 47: Hilluu fi Sangaa

Bar tokko Hilluu fi sangaan osoo waliin deemanii aduun isaanitti dhiitee jennaan muka tokko jala buluuf itti goran. Halkan walakkaa gahanii jennaan Hilluun sangaadhaan, “Muka kana gaafa keetiin nuuf uri keessa bulla,” jette. Sangaanis muka sana gaafa isaatiin tumee ure. Gaafni sangichaas muka keessaa bahuu didnaan Hilluudhaan “Maaloo naaf iyyi” jedheen.

Hilluun immoo,” Beela’een jira waan ta’eef danda’ee hin iyyu jetteen. Sangaan immoo , “Luka koo gar- tokkoo nyaadhuutii naaf iyyi jedheen Isheenis luka Sangichaa fixxee “ammaimmoo quufeen jira waan ta’eef danda’ee hin iyyu” jetteen. Sangaanis achumaan du’e.

Hilluunis Sangicha qaluuf gara haaduu bArbaaddachuu osoo deemtuu Leencatti dhufte. Leencis, “Eessaa deemta? jedhee ishee gaafannaan, “Sangaa tokkotu du’ee jeennaanan haaduu bArbaaddachu deema jira,” jetteen. Leencis, “Ani haaduu sii wajjin barbaadeen sangicha qallee waliin hirmaanna,” jedheen. Laamaan isaaniiyyuu erga haaduu argatanii booda gara Sangaa isa du’eetti deebi’an.

Haaduun Hilluu dooma; kan Obbo Guddaa (Leencaa) garuu qara qaba ture. Achumaan Hilluun haaduu Obbo Guddaa harkatti hawwitee karaa ittiin harkaa fudhattu mala dhawuu qabde. Isheenis, “Haaduun koo qax, qax godha , kan keessan garuu dooma dha; itti rigaa ooltu” jetteen. Achumaan Obbo Guddaan, “Sinliqimsa moo naaf geeddartaa?” jedheen. Isheenis, “Maaloo gooftaa koo, fudhaa” jetteen. Achumaan haaduu Hilluu fudhate. Hilluun haaduu isa qara qabuun daddaftee foon sangichaa nyaattee fixe; Obbo Guddaan immoo isa dooma wajjiin osoo rakkatuu agabuutti hafe.

Erga foon sana nyaatanii fixanii karaa isaanii itti fufan. Osoo deema jirani manaa citaata caccabaa tokkoo fi qorqorroo tokko wal biratti argatani. Hilluun mana isa citaatti, Obbo Guddaan immoo mana isa qorqorrootti galan. Gaafa bokkaan cimaan roobu, lolaan mana Hilluu keessa yaa’ee halkan guutuu hirriba malee ishee bulche. Ganama kaatee Obbo Guddaadhaan, “Ani yoo wanti nama nyaatu natti dhufe , asiin shuf , achiin shuf; isin karaa baatan hin qabdan” jetteen. Achumaan, Obbo Guddaan immoo, sinliqimsa moo kankeetiin naaf geeddarta ?” jedheen. Isheenis, “Maaloo gooftaa koo, kottaa itti galaa,” jetteen. Achumaan halkan itti aanu bokkaan Obbo Guddaa tortorsee bule. Ganamaan ka’ee mana Hilluu deemee , “ Maaloo abidda naaf kenni,” jedheen. Isheenis, ija aduu itti agarsiiftee , kunnoo gama sanaa dhaqaa fudhaa” jetteen. Innis guyyaa guutuu deema oolee dadhabee itti dhiisee deebi’ee gale. Hilluun immoo waqaraa diimaffattee eegdee, “ Guyyaa guutuu dadhabaa ooltanii hoo’aa kana nyaadhaa” jettee akka nama nyaata qopheessefiitti afaan keesse. Achumaan waqarichi afaan isaa gubee jennaan Obbo Guddaan du’e.

Isa booda Waraabessaan, “ Obbo Guddaa dhukkubaa kottuu dhukkuba gaafadhu” jetteen. Yagguu warabessi gaafachuu dhufu ol darbii jetteen. Achumaan Waraabessi ol darbee yabboo (gulantaa) irra

taa'e. Hilluunis, "Mee ishee kana qorqi," jettee lafee waraabessaaf kannite. Hamma inni lafee sana qorqutti eegee waraabessaa fi eegee Leencaa walaitti hodhitee raawwate. Achumaan Hilluun, "Obbo Gudda, maal eegdu eгаа!" jennaan, warabessi nahee utaalee fiige. Laga gahuuf jennaan garagalee ilaalee du'aa ta'uu isaa bare. Isa booda ciniinee ofittii baase. Isa booda gara mana Hilluutti deebi'ee ishee marmaree boolla keessa kaa'e. Hamma waraabessi ibidda fudhachuu dhaqetti, boolla keessaa baatee hiddii cirtee boollichatti naqtee muka yaabbatte. Waraabessis dhufee ibidda boollichatti naqee jennaan hiddiin xaxxaaaxa'e. Achumaan waraabessi, "Iji Hilluu xas, xas... jedhe" se'ee gammade. Hilluun immoo muka irraa, "Iji Obbo Guddaa xas jedhe," jettee itti baacce. Waraabessis, "Eesssaan baate muka yaabde jennaan, "Aara Keessa lufeen yaabe," jette. Waraabessi immoo, "Anis aara keessa bahee yaabuu ree?" jedhee gaafaate. Hilluun "Eeyyee," jennaaniin ibidda lixee du'e, jedhama.

Dur-durii48: Boo'icha Harrootaa

Bar tokko ilmoon waraabessaa duunaan harrootni du'aa gahii dhaqan. Akkuma mana obbo waraaboo gahanin, "Yaa obbo waraabo, ilmoo keessan maaltu argate" jedhanii boohicha keessaa fuudhanii waraabessa illee boossisan. Waraabessoonnis, "Keessummaa keenya dhufu maaliin geggeessinaa?" jechaa Harroota ija ija keessa mimil'ate. Achumaan dubbittiin harrootaf galtee dafanii kaa'anii deemani. Harrootni warri ciccimoon dafanii jalaa fiigani dhokatan. Warri dullattiin garuu boodatti hafnaan waraabessi fiigee isaan qaqqabee, "Isin sanas, kanas gootanii garaa nu hin geenye nuhi isin nyaachuu keenya jedheen. Achumaan Harree ishee dullattiin, "Silaa nu nyaachuun keessan hin oollee dafaa warra gagabbatoo fuuldura keessan darban qabadhaa" jetteen. Waraabessis isaan qaqqabuuf kotte na fuudhi" jedheen fiigicha keessa kaa'e. Isaan ari'ee dadhabee garuma ishee dullattiitti yagguu deebi'u isheenuu immoo hin jirtu. Isheen mana namaa ol seentee jalaa dhokatteetti. Achumaan waraabessi Harree furdo fi gabbattuu barbaacha jooraa turee, ishee huqqattuu iyyuu dhabee harka duwwaa gale. Harreen immoo gamnummaadhaan waraabessa jalaa baate, jedhama.

Dur-durii 49: Gamni Du'a Gowwaarraa Waa Barata

Bara durii Jeedala, waraabessaa fi Leencatu waliin jiraachaa turan. Gaaf tokko, "Kaaneetu waan nyaannu barbaaddanna," jedhanii mari'atanii manaa bahani. Erga deemaa oolani gara galgalaa tumaaleessa tokko, sangaa tokkoo fi raada tokko argatani. Erga mana gahanii xiqqoo boqotanii booda Obbo Guddaan, "Mee waan fiddan kana addaan nuuf qoodaa," jedhe. Yagguu kana waraabessi ka'ee, "Anuu addaan nan qooda kun maal nama rakkisa?" jedheen. Sangaa Obbo Guddaaf, goromsa ofiif, tumaaleessa immoo Jeedalaaf kennee deebi'ee taa'e. Osoo waraabessi dubbii isaa hin xumurin Leenci ka'ee dhahee isa ajjeese. Isa booda Jeedalaan, "Waan kana akkam goonee hirmaanna?" jedhee gaafate. Itti dabalee immoo, "Mirga siif kenneera; ati nuuf qoodi," jedheen. Jeedallis, "Erga akkas jettanii, sangaan laaqana keessani, tumaaleessi ciree keessani, goromsi immoo irbaata keessani," jetteen. Obbo Guddaanis, "Ati hoo maal nyaattaree?"

jedheen. Isheenis, “Ana waanuma isin irraa hafutu nagaha,” jetten. Leencis, “Maaltu kana si gorse?” jedheen. Isheenis, “Mataa achi ciisu sana,” jetteen. Leenci immoo deebisee, “Innool gowwummaa isaatiif du’ee attamiin si gorsa?” jedheen. Jeedaloonis, “Du’a gowwaarraa abshaalli waa barata,” jetteen, jedhama.

Dur-durii 50: Qamalee fi Naachaa

Bara durii Naachaaa fi niitii isaatu ture. Isaanis, laga keessa jiraachaa turan. Dhirsi Naachaaa kunis utuu nyaata funaannachuuf bosona keessa deemuu Qamalee waliin wal argan. Qamaleenis Naachaa wajjin wal barte. Midhaan qabdu kenniteefii waliin nyaatan. Gaaf tokko, niitiin Naachaaa kun, “ Yeroo hundumaa ganama baata galgala galta, eessa ooltaa?” jettee dhirsa ishee gaafatte. Waanuma nyaannun funaana kaa jedhee itti hime. Isheen immoo, “osuma bakka ooltan kana natti himatanii wajjin dhaquu dandeenyaam” jetteen,. Innis, “ qamuu biraan nyaata funaannachaa oolee gala” jedheen. Achumaan niitiin Naachaaa qamuutti hinaafuu qabde. Gaaf tokko qamuutti maluu bArbaaddee yagguu abbaan manaa ishee qamuu bira oolee galu akka waan ishee dhukkubuutti ciiftee dhirsa ishee eegde. Abbaan manaa ishees galee, “Maal taate? Giiftii koo” jennaan, “Na dhukkuba, in duuta naan jedhan,” jetteen. Inni immoo, “Qorichisaa maaliree?” jedheen. Isheenis, “Qoricha isaa illee isinumtuu salphaatti argattu,” jetteen. “Eessaa argamaa?” jedhee ishee gaafate. Isheen immoo, “Onnee Aayyoo Qamuutu na fayyisa,” jetteen . Achumaan, qamuu bira dhaqee itti dubbachuu sodaate. Isa booda, “Qamuu, ani mana kee baree, ati garuu mana koo hin barre” jedheen. Achumaan akka isheen mana isaa bartuuf itti hime. Achumaan qamuun, “ Ati bishaan daakuu ni dandeessa; ani hin danda’u akkamin ta’aa?” jetteen. Anuu sin ceesisa jedheen dugda irra kaa’atee bishaan walakkaa erga gahanii booda, “Qamuu maalan si dhoksaa mitii niitiin kiyya dhukkubsattee jennaan, “Onnee Qamuutu si fayyisa naan jedhan jette”, kanaafan si barbaade jedheen. Achumaan isheen immoo, “Ani sila onneen koo bishaan keessa na duraa bu’a jedhee sodaadheen muka irratti fannifadhe” jetteen. Achumaan Naachi, “Achi si deebisuuree?” jedheen. Erga bishaan keessaa bahanii irraa buutee muka kortee, “Atuu onnee hin qabduun ani qabaadhaa,” jetteen, jedhama.

APPENDIX B: LIST OF INFORMANTS

No.	Name	Age & Sex	Occupation	District/Sub-district
1	Rev. Fite Birri	65 M	Evangelism	Dembi Dollo
2	Mr. Sambato Sirno	55 M	Teaching	Dembi Dollo
3	Mr. Garoma Rare	65 M	Farming	Sayyoo
4	Mr. Galata Yadessa	60 M	Health Professional	Lalo
5	Mr. Mitiku Dafa	50 M	Teaching	Lalo
6	Mr. Magarsa Lamu	52 M	Teaching	Lalo
7	Mr. Namarra Beyene	60 M	Farming	Lalo
8	Mr. Gudata Dilgasa	60 M	Teaching	//
9	Mr. Befikadu Dhaba	58 M	//	//
10	Mr. Jirata Rasso	65 M	//	Dambi Dollo
11	Mr. Tamene Mengesha	40 M	Teaching	Lalo
12	Mr. Tesfaye Magarsa	60 M	Teaching	Sayyoo
13	Mr. Dheressa Amante	70 M	Farming	Lalo
15	Mr. Tolasa Guma	79 M	//	Lalo
16	Mr. Garoma Tullu	80 M	//	Dembi Dollo
17	Mrs. Kasaye Karorsa	55 F	Housewife	Lalo
18	Mrs. Warkitu Lecho	80 F	//	Dogano
19	Mr. Wajira Tuta	70 M	Farming	Wankir
20	Mr. Sharo Walo	102 M	//	Adare Haro
21	Mr. Wagari Banti	25 M	Teaching	Dambi Dollo
22	Mr. Yadessa Bekele	24 M	Banking	Dambi Dollo
23	Mr. Dhugasa Beyene	40 M	Managment	Dambi Dollo
24	Mr. Fayer Dagu	24 M	Law	Dambi Dollo
25	Mr. Bati Dhab	88 M	farming	Dambi Dollo
26	Mr. Lata Lamma	65 M	//	//
27	Mr. Dagagaa Hirpha	87 M	//	//
28	Mr. Wako Doyyo	80 M	//	//
29	Mr. Bonja Dilgassa	62 M	//	//
30	Mr. Danu Akkasa	75 M	//	//

APPENDIX C: INTERVIEW QUESTIONS

1. What are the functions of folktales in Laaloo /Sayyoo areas?
2. What do you understand from the term dur-durii (folktales) in its socio-cultural context?
3. What is the relationship between folktales and the Qellem Oromoo in social setting?
4. Why and when do you use folktales?
5. Is there any role played by folktales in social, political, economic, moral, and pedagogical and reinforcement settings? Would you narrate one folktale for each function?
6. Are there oral traditions that validate the history of Sayyoo/ Laaloo Oromoo in relation to their names?
7. Is Gada System being exercised currently? If not, why?
8. Could you describe the setting for Oromoo folktales told at your locality?
9. What age group of the people usually narrates the folktales? Why?
10. Could you describe the traditional life of Sayyoo and Laaloo Oromoo that they have been practising?
11. Do elders use folktales to criticize wrong actions? How? Would you narrate one durdurii that serves this function?

Thank You!

Declaration

I, the undersigned, declare that this is my own work, and all the sources of materials used for the thesis have been duly acknowledged.

Name: Tsegaye Tessema Tola

Sign: _____

Place: Addis Ababa University, School of Graduate studies, Institute of Language Studies, Department of Foreign Languages and Literature

Date of Submission: June, 2010